

مؤسسة دار الفكر

Dar Al-Fiker Foudation

مبنى - اثيوبيا



# TEACHING CHILDREN

A Moral, Spiritual, and Holistic Approach  
to Educational Development

Ann El-Moslimany

**IJOLLEE BARSIIISUU  
ADEEMSA HAMILEE, AMANTII FI WALIIGALAA  
DAGAAGINA BARNOOTAATIIF**

Qopheessaan:

Ann El-Moslimany

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyooophiyaa 2021

***TEACHING CHILDREN***  
***A MORAL, SPIRITUAL, AND HOLISTIC***  
***APPROACH***  
***TO EDUCATIONAL DEVELOPMENT***  
Ann El-Moslimany

***Ijoollee Barsiisuu***

**Adeemsa Hamilee, Amantii fi**  
**Waliigalaa Dagaagina Barnootaatiif**  
**Qopheessaan:**  
Ann El-Moslimaany

**Hiikaan:**  
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri  
*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al*  
*Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*  
**Finfinnee – Itiyooophiyaa 2021 G. C**

**DF-E-TrBs-21/89**

## **Kitaabota Gaggabaaboo Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-Addunyaa**

Kitaabonni Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-Addunyaa walitti fufiinsaani fi gabaabinaan dhihaatan kunniin maxxansaalee dhaabbatichaa kan furtuu ta'an irraa walitti qindeeffamanii kan qopheeffaman yoo ta'an, dubbiftootaaf yaada ijoo fi qabiyyee muummee irraa hubannaa gahaa akka argatan yaadameeti. Kitaabonni kunniin, gabaabinaan qophaa'uun, dubbisuuf salphaa ta'uun, barruuwwan gurguddoon maxxanfamanirraa of eeggannoon kan gulaalamaniifi dubbiftoota kakaasuufi gara kitaaba guutuu ykn jalqabaa akka deeman godhuuf fayyadu. Ammas qorannoo dabalataaf gara kitaaba jalqabaa dubbisutti akka nama kakaasu abdii qaba.

*Ann El-Moslimany*, barsiiftuu muuxannoo waggoota kurnootaaf barsiisuu qabduu fi mana barumsa Islaamaa mataa ishee kan hooggantu taatee, sagaleewwan kabajamoo gama Bahaa fi Lixaatti dhagahamaa jiranitti makamuun falaasamaa fi adeemsa ykn tooftaa barnootaa waaltawaa fi daa'ima baratuuf hiika amantii guutuu kennuu danda'uutti waamaa jirtuudha.

Innis kan jalqabuun qabiyyee bu'uuraa kan tokkoon tokkoon daa'imaa kaayyoo amantii, hamilee fi beekkumsaa wajjiin dhalata jedhuuni. Gochi kunis qormaata darbuuf beekkumsa barbaaduu miti, garuu guddina, uumamaa fi bakka inni addunyaa keessatti qabu beekuu fi xumurarrattis isa kana gara gochoota dhala namaa fayyadanitti jijjiiruudha. Kanaaf, muuxannoo barnoota waliigalaa guddisuuf, ilaalcha kanatu guddinaa fi dagaagina sirna barnootaa sirriitti qajeelcha.

Barreessituun tun hamilee hubannaa daa'imni addunyaaf qabu guddisuun ilaalcha addunyaawaa bal'aa, uumama hundaan hidhata qabdu, hubannaa itti gaafatamummaa lammummaa kan addunyaa fooyyoftuu uumuu, dandeetti namoota biraa wajjiin jiraachuu fi wal ta'anii hojjachuu uumuu, akkasumas barbaachisummaa guddinaa fi dagaagina tokkoo tokkoo daa'imaatii fi dandeettii isaaf kenname akka dhugoomsu uumuuf tattaaffatti.

Barreessituun tuni akaakuu barnootaa, qabxii, badhaasaa fi adabbiin waldorgomsiisuu (sirna dhaaba hin qabne kan ijoolleen akka ofitti amanamummaa, dandeettii kalaqaa fi ga'umsa isaanii xinneessuun ala) karaa ijoolleen ittiin guddattu addeessiti. Dabalataanis, ijoollee kitaabbilee barnootaatiin ala ilaalcha dhugaa dhimmoota fi gochaawwan qabatamaatiin walqabsiisuun hubannaa gosa hedduu akka qabaatan, tooftaa bifa adda addaatiin daangaa jiru akka hubatan, ammas dhimmoota furtuu ykn murteessoo ta'an (kan hin mul'annes) akka hubatan, achi booda hubannaa dhimmoota gurguddoo sadarkaa hawaasaatti nama kakaasani akka qabaatan sirritti ifoomsiiti.

Hojiin ishii kun ammas teknoolojii fi bu'aawwan kalaqa ammayyaa fayyadamuun muuxannoolee barnootaa nama harkisan horachutti waama. Kuni haala baruuf barsiisuu (golaa fi mana barumsaas) fooyya'aa fi hawwataa taasisa; bakka barsiisaan 'hoogganaa garee hojii ijaarsaa' osoo hin taane nama fakkeenyummaa qabu kan daa'ima haala gaariin guddisu itti ta'u taasisa.

Dhumarratti manneen barumsaa Muslimaatiif, karaa baratame kan hin geeddaramne kan yeroo ammaa kana osoo hin taane, haala jaalalaa fi galatoomfannaa Rabbii, Nabiyyii Isaa, Ergaawwan Isaa fi Qur'aanaa isaan keessatti uumuun, akka ijoolleen hojii Isaa waan hunda keessatti argaa guddatan taasisuun, Kaayyoo guddaa yeroo hundaa handhuura barnoota kennamuu ta'uu qabuudha.

Ijoolee waa'ee amantii biraa hubachiisuun akka amantii biraa kabajan barsiisuun, akkasumas mirgoota namoomaas, ijoolleen kallattima ofii isaanii qofaan osoo hin taane, ilaalcha amantii fi aadaa garagaraa akka horatan taasisa. Kuni ammoo eenyummaa ofii qabachuun hawaasa bal'atti makamuu danda'uu isaaniif laaffisa.

---

**Barruu Ann El-Moslimany Irraa Gabaabbatee Kan Dhihaate,**

*IJOOLLEE BARSIIISUU: ADEEMSA HAMILEE, AMANTII FI*

*WALIIGALAA DAGAAGINA BARNOOTAATIIF*

ISBN pbk: 978-1-56564-989-7

2018

## Boqonnaa Tokko

### Seensa

Kitaabni kun tattaaffii ani adeemsaa fi tootfaa barnootaa Islaamummaa keessaa ittii qotee baasuuf taasise bakka bu'a. Keessattuu Ameerikaa fi biyyoota alaa hedduu keessatti ijoollema teenya barsiifachuuf dadhabbii guddaa argaa turuu irraa kan ka'eedha. Dura ijoollee waggaa afurii gadii tan dubartiin Muslimaa haarawa amantii Islaamaa seente takka wajjiin jalqaba Ameerikaa keessatti mana barumsa Islaamaa eegaluu yaalle. Yeroo hojitti seennu sirna barnoota Islaamaa homaa hin qopheeffanne turre. Waggoota hedduun booda anaa fi abbaan warraa koo tasuma waa'ee pirojektii sirna barnoota Islaamaa gadi fageenyaan yaaduu kan eegalle. Yeroo sanatti kitaabban Ingiliffaa kan waa'ee Islaamaa dubbatan hedduu hin turre. Akka carraa ta'ee kitaaba *pirojektii beekkumsa Islaamessuu* kan dhaabbanni yaad-rimee Islaamaa Idil-Addunyaa qopheesse isa jalqabaa argachuu danda'e. xiyyeeffannaan kitaaba Ismaa'il al-Faaruuqii yeroo sanii barattoota Yuuniversiitii barsiisuu malee ijoollee miti.

Garuu ana kan na kakaase sirni barnootaa, tokkichummaa Rabbii, uumama dhala namaa, dhugaa fi hojii, akkasumas qajeelfamoota kanaan walqabatan of keessatti qabachuu qaba kan jedhuudha. Muslimoonni qajeelfamoota bu'uuraan kanneen akka falaasama Islaamaatti fudhachuun, garuu bu'uuraalee kanneen barsiisuuf kadhannaa (du'aa'ii), ijjanoo, qo'annoo fi marii hedduu barbaada jechuu yaade. Nuti barsiiftonni akkamitti akka ijoolleen keenya yeroo mana barumsaa xumuran bu'ama qabeenya addunyaa horachuun milkaa'uu,

beekkumsa amantii xinnoma qabaachuun, qofa osoo hin taane, jaalalli Rabbii, uumama hubachuun, dachee tanarratti itti gaafatama waloo fi dhuunfaa bahachuun isaan keessatti dagaaga kan jedhu dhugoomsinaa? Yoo Rabbi jedhe kitaabni kun gara mariitti nama kakaasuun akka warroonni biroo yaadaa fi ilaalcha isaanii gara tokkotti fidan godha. Akkuma hayyoonni Muslimaa durii beekkumsa qaroomsa warra biroo qofa osoo hin taane, kallattii ilaalcha Islaamaatiin xiinxalluu yaalan sana, waan yaad-diddi barnoota ammayyaa gumaache fudhachuun, kan sonoota Islaamaatiif faallaa ta'e dhiifnee, bifa sirnaawaa ta'een caasaa sirna barnootaa Islaamawaa Towhiidarratti hundaa'e irra deebiin ijaaruu qabna.

## **Boqonnaa Lama**

### **Filannoolee Keenya Babal'isuu**

Bara sirna kolonii san addunyaa Islaamaa keessatti jijjiiramooni dachee sochoosan sirna barnootaa irratti miidhaa hammana hin jedhamne geessan. Barnoonni walabaa kan amantiin ala ta'e barruulee fi barsiisotas dabalatee dirqamaan hojiirra oole. Galmeen seeraan, umrii fi saalaan adda baafamee raawwata. Guddinni sadarkaa walbeekumsa dhuunfaa irratti osoo hin taane qormaata, qabxii fi yeroo murtaa'e irratti hundaa'a.

Akkuma biyyoonni Lixaa aangoo fi qabeenya isaanii babal'ifachaa deemaniin, addunyaan Muslimaa immoo imammadni barnoota isaanii ol'aanaa jedhanii akkuma jirutti waraabutti seenan. Amantiin akaakuma barnootaa manneen barnoota amantiitti ukkaamfamee barsiifamu qofarratti gabaabbate.

Akkuma Islaamummaan as Biyyoota Lixaa keessatti babal'ataa dhufeen, barsiiftonni Muslimaa yeroo takka takka manneen amanti kutaalee addunyaa hedduu keessatti Madrasaa jedhaman akka moodeelaatti filachuu eegalan. Achitti xiyyeeffannaan jiru barruulee bara durii sammutti qabachuu, ykn akka leellistoota sirna koloniin boodaatti uf ilaaluudha. Akaakuun barnoota amantiin alaa kun Lixa qofa keessatti osoo hin taane addunyaa guutuu keessatti argamu. Yeroo hedduu wanti barsiisonni Muslimaa sunniin filatan sirna barnootaa walmakaadha: sirna barnoota kolonii boodaa baruulee Islaamaatiin walkeessa barsiisuudha.



Kunis tooftaa, caaseffama barnootaa (kaarikulamii) barruulee warra Lixaatiin walbira barsiisuu jechuudha. Yaadni kun rakkoo mataa ofii qabaatus furmaata bareeda. Tooftaalee sirna barnootaa xiinxala, yaada bilchaataa fi kalaqatti nama kakaasan barbaaduun ol'aantuma sirna barnoota amantiin alaa (secular schooling) hir'isuu qabna. Qabatamaan yaaliiwwan jajjaboo, yeroo dheeraa fi waloo gochuun caaseffama gar-lamee kan amantii fi jireenya dhugaa adda baasu ittisuu qabna. Manneen barnootaa akkasiitti 'Islaamummaan' yeroo hundaa akka akaakuu barnoota biroo kan isa ammayyaa wajjiin tooftaa walfakaataadhaan barsiifamuutti ilaallama.

Beekkumsi (Ilmiin) nuti ijoollee keenya qabsiifnu yaadota walfaallessan lamaan irraa walitti qabamuu hin qabu, garuu mul'ata dhugaa kan tokkoome ta'uu qaba. Dhugaan Rabbiin irraayi, kutaa isaa kamiyyuu kaayyoo Inni nuuf godhe kan Isa tole jedhuu, gochaanis Isa gabbaruu, haqarratti jiraatu irraa adda baasuu hin dandeenyu.

## **Boqonnaa Sadi**

### **Mana Barumsa Warshaa irraa gara Ilaalcha**

#### **Hooggansa Waaltawaa**

Hawaasa keessatti gareen humna qabu, dhaabbata akka mana barumsaa fa'a uumuun kaayyoo ofii fedhan taajaajilu. Akkuma kaayyoon anga'oota koloneeffattoota inni duraa sirna bulchiinsa isaaniitiif hojjattoota leenjisu, manneen barnoota ummataa kan biyyoota Awrooppaa fi Ameerikaa Kaabaa industiriin badhaadhaniis sirna warshaalee isaaniitiif hojjattoota leenjisu madaqsan.

Magaalaa guddoo Niiw Yoorkitti, badhaafamaan waggaa *John Taylor Gatto*, sirna barnootaa Ameerikaatti mufatee barsiisummaas dhiisee jireenya isaa guutuu kaayyoo dhokataa sirna barnoota dirqii kana saaxiluuf uf kenne. Kanaanis akeekni duraa hawaasa jireenya gad-aanaa akka abbootii qabeenya industirii jalatti bulaniif leenjisu akka ta'e addeesse. Kuni abomboleettii hooggansa saayinsaawaa biyyattiirra qubateen kan haguugameedha. Hooggansi saayinsaawaan kun hayyoota ga'umsaa warshaalee warraaqsaa kanneen itti dhiheenyaan sarara oomishaa kallattiin too'ataniin qophaa'e. kuni mana barumsaa dabalatee bakka hundatti hojiirra oole. Akkuma warshaalee keessaa, sirni kun barattoota fi barsiisonni waanuma ofii fedhan qofa oomishuu osoo hin taane, ajaja hooggansa gararraas hojitti hiiku. Kana dhugoomsuuf, injinaroonni meeshaa dheedhii (barattoota), warshaa (ijaarsa mana barumsaa), abba adeemsaa (boordii mana barumsaa),

humna namaa (barsiisotaa) fi gabaa (industirii fi hawaasa) irratti qo’annoo gadi fagoo hojjatu.

Iddoowwan mana barumsaa keessa jiran yeroo hundaa tajaajila kennaa jiraachuu adda baafachuuf, waanuma walfakkaatutu irra deddeebiin gareewwan ijjoolllee moonaa keessa asii fi achi naannawaniif yeroo sirnaan karoorfame sana keessatti kennamaaf. Ijoolleenis yeroo fi haaluma walfakkaataa ta’een waanuma namoonni umrii isaanii baratan sana baratu, Caljedhanii caqasuun waan wal hin fakkaanne hunda xiqqoo xiqqoon fudhatu.

Manneen barnootaa sadarkaa giddu-galaa fi lammaffaa keessatti daqiiqaa afurtamaa hamma shantamaa keessatti ammas bilbilli ni bilbilama, “akkuma sareelee Paavloov kanneen gororaniis sana, ijoolleenis teessoo irraa ol ka’uu fi ammas sagantaa biraa eeguuf rakkatu”. Ijoolleen ciccimoon gosoota barnootaa tokko tokkoof jecha bakkaa bakkatti socho’uun malanis, guyyaan isaani barruulee adda addaa giddutti qoqqoodameeti jalaa dhumata, waaltinni hin jiru. “Amma kitaaba dubbiftu achi kaa’i, yeroon kan herregaati”. Wanti fakkaatu akka waan ijoolleen keenya saqqii bakkaa bakkatti geessituu irra jiraniiti. Akkuma buufata hojii dhimmoota kan isaan hin ilaallannee tokko bira dabraniin, kaayyoon madaalee warra angoo qabuun as dura isaanii qophaa’e daqiiqaa afurtamii shaniif mataa isaaniitti suta. Yaaliin too’aannaa qulqullinaa raggaassisa.

Oomishtummaan laafaa deemus, lubbuun mala warshaa tasuma hin duune. Garuu, mallattoo dhibee hooggansa waaltawaa jedhamu, kan caaseffama (kaarikulamii) sirna

barnootaa injinaraawaa, galma-qabeessa, qoqqoodamaarratti xiyyeeffatetti jijjiirame. Moodeeliin warshaa fi qajeelfamni hooggansa waaltawaa sunis kan tolfaman hayyoota barnootaatiin osoo hin taane, anga’oota dhaabbatoota waliinii kan mootummaa waliin hidhata uumaniini.

Industiriin maxxansa sirna barruulee barnootaa guddaadha. Hayyoonni siyaasaa isaan gorsan, sadarkaa boordii mana barnootaattis ta’ee sadarkaa naannoo ykn imaammata biyyaatti, beekkumsa ijoollee barsiisuu kan hin qabne qofaa miti, galmi isaaniyyuu warra gola keessatti barsiisaniin ala. Kuni warroota hayyoota siyaasaa amansiisuuf jecha baasii baasuun waluma fakkata, asiin kitaaba barnootaa haarawa, battallee ykn yaalii haarawa, tooftaalee waaltawoo fi qajeelfama ykn ilaalcha hooggansaa warshaarratti hundaa’e fa’a jedhu.

Dareeleen barnootaa teknoolojii haarawaan dabaalaman dhaabbata *Gates Foundation* mana maxxansaa guddaa barruulee barnootaa *Pearson* jedhamaniin beeksifaman ilaalcha hooggansaa waaltawaa kana sirnaan tolchan. Ijoolleen meeshaa barnootaa (Tableetii) Maayikiroosoofirraa *Pearson*niin bitameen barruulee dura qopheeffaman baratan. Gaheen barsiisaa xinnoma warra daree too’atuun oli. Garuu, bu’aan maallaqaa kan Maayikiroosoofitii fi *Pearson* argatan kumaatama!

Akka carraa dhabuu ta’ee namoonni har’a manneen barnootaa Islaamaa too’atan ykn hoogganan hedduun sababa filannoo hin qabnu jechuutiin yaada warra siyaasaa kana fudhatanii argamu; yoo ijoolleen keenya kan dhugumaan hawaasa keessa jiraatan keessatti milkaa’ina fedhan taate, yaada sirna barruu kana

barachuu, waldorgomuu, kaka'umsa horachuu, wantoota yeroo guban kanneen akka jabeenya qaamaa fi aartii irraa fagaachuun sirna barnootaa kan sonoota Islaamaa hin qabne qofa osoo hin taane , kan guutumatti faallessu barachuu qaban jedhan.

Mul'ata qabna; mul'aticha qabna-mul'ata addunyaa waliinii irraa fagoo ta'e. Mul'anni keenya waaltawadha, bu'uura ilaalcha Islaamaa *Towhiida* irratti waan ijaarameefi. Ijoollee Muslimaa barsiisuuf jireenya keenya guutuu kennineerra. Bu'uura Islamaawaa amantii fi beekkumsaa cimaa qabna; gahee Rabbiin nu uumeef kan yeroo hundaa haqa ilma namaatiif uumamtoota hundaaf qabsaa'uu, bahuu qabna. Yaadota hayyoota Muslimaa hedduu sasaabuuf carraa qabna, akkasumas beekumsa qorannoo barnootaa isa sirrii akkaataa ijoolleen itti baratani gahaa qabna. Barsiiftonni qor-qalbii fi hamilee Muslimaa fi kanneen biroos dubbataa jiru. Manneen barnootaa keenya keessattii fi bakkuma argametti mul'ata keenya kan dhugaan waaltawe sana hojitti jijjiiruun nurra jiraata.

## **Boqonnaa Afur**

### **Dandeettii Towhiidaa ol Baasuu**

Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan hin jiru. Himni kun hedduu salphaa garuu ulfaataa yoo ta’u, bu’uura waan hundaa kan nuti—Muslimoonni itti amannuu fi akkaataa jireenya keenyaa ittiin jiraannuudha. Akka barsiisotaatti, kennaa bu’uuraa kana ijoollee keenya kunuunsaa jirruuf gumaachuun caaseffama jireenya Islaamaa qopheessuun nurratti dirqama ta’a. Akkuma sagantaa barnootaa karoorsaa, seerotaa fi barmaatilee baasaa, ijoollee fi hojjattootatti gadi buusaa deemnuun, akka Muslimootaatti qajeelfamni muummeen keenya towhiida ta’uu beeknee qajeelfama kana hordofuun dirqama keenya bahuuf yaalii gochuu qabna. Akka carraa ta’ee ilaalcha addunyaawaa bal’aa kan gara tokkummaa mul’ata keenyaatti nu qajeelchu, kan gochi isaa qaama amantii, falmiinsa haq-dhabdummaa fi sarbamiinsaa ta’e qabna.

Rabbii tokkichatti amanuun taqwaa (Rabbiin sodaachuu) ibsa. Mararfannaa fi gara-laafinni Rabbii boqonnaalee Qur’aanaa keessatti kan tuqamu yoo ta’u, bifuma kanaan jabeeffamuu qaba. Islaamummaan kan beeksifamu (babal’atu) uumama Rabbii dinqisiifachuun, jaalala Isaa kan xumura hin qabne, tolinaa fi gara-laafina Isaa hubachuun, Rabbiin Qur’aana keessatti ufii keenyaan jireenya daran bareeda ta’e akka jiraannu nu qajeelchuu Isaatiini.

Ergaaleen Qur’aanaa keenya qofaa miti, garuu badhaasa addunyaawaa guutuuti. Rabbiin Qur’aana keessatti waa’ee dhala namaa yeroo garagaraa kudha lamaa ol dubbate. Rabbiin

uumama isaa hunda ifatti jaalata; Rabbii isaaniitis. Dhalli namaa nama dhuunfaa irraa walitti qabama-qaamota walfakkaatan hundaati, qubsumaan adda baafameeti ummataa fi aadaawwan irra-keessaan adda addaa kan garuu walbeekuuf walirraa barachuu uuma. Dabalataanis, namootaa fi dhaabbilee Muslima hin taane baay'etu haqummaaf qabsaa'u. Adda bahuun hawaasa Muslima hin taane keessatti fedhiwwan Muslimaatiif deebii hin argamsiisu. Isaan gamtaadha-qabatamaan ykn humnaan.

Yoo dhugaan 'wal beekuu feene' maaliif manneen barnootaa Islaamaa keessatti ijoollee teenya waanuma booda jireenya isaanii keessatti qunnamuu jiru irraa isaan dhoorgina? Sababni kunooti-ijoolleen hedduu saaxilamoo fi salphaadhumatti rakkinarratti kufuu waan danda'aniifi. Haala hin baratamne keessatti yoo isaan gatne akka isaan itti kufanii fi keessa daakan tolchinee beekna. Haa ta'u malee, daa'imni amantii fi eenyummaa isaatiin cimaa ta'e tokko dandeettii wantoota faallaa ta'anii kana dandamachuu horata. Garuu, sababa waliin jireenyaatiif jecha miidhaan warroota amantii ufii dhoksanii jiraachuu barbaadan irra gahu maal ta'uu danda'aa?

Akeekni keenya kan jalqabaa, ittisa qofaa miti, garuu ijoolleen akka qaama hawaasa guddaa Rabbiin giddu-gala godhattee taatu qopheessuudha. Karooraa fi du'aa'ii itti yaadamee qophaa'uun ta'uu qaba. Kunis akka adda tanarraa adda baafamne jedhanii hin yaaddofne bu'uura cimaa fi hubannaa akkaataa Islaamummaa ufii qabataniis aadaa amalaa fi haala

faallaa kanaa wajjiin jiraatuu horachuu danda'an gochuudhaani.

Yeroo nutti mijatu qofa namoota biroo beekuu fi isaanis nu beekuu danda'an. Tokkummaa dhala namaa dhugoomsuuf ulaagaaleen lamaan guutamuu qaban jiru.

1ffaa ijoolleen maatii Muslima hin taanees fudhachuun addaa addummaa keessummeessuuf qabsaa'uu qabna (adda addummaan qabsoo barbaada). Yoo xiqqaate Muslimoota bifa, gosaa fi balbala gara garaa simachuunii fi barsiisuun, Islaamummaa keessayyuu addaa addummaan akka jiru ijoolleen arguu qabu.

Bu'uurri jiru ijoolleen teenya namoonnummaan Muslima jedhanii uf waaman kunniin hammam gaarii akka ta'an dinqisiifachuu qaban kan jedhuudha. Seenaan, kan nama dhuunfaa fi taateewwan yeroo ammaa fakkeeniyota irraa baratamuu fi bu'aa qabaniin guutuudha. Kana daran, carraan ijoollee manneen barnoota Islaamaa keessa baratan isaannan Muslima hin ta'iniin walitti fiduuf yaaluu uumamuu qaba. Kuni kallattii tajaajila hawaasaa, manneen barnootaa biroo wajjiin hariiroo uumuu, qophiiwwan hawaasa naannoo irratti hirmaachuu fa'aan ta'uu danda'a.

2ffaa, barnoota hawaasa biratti fudhatama qabu barsiisuuf tattaafachuu qabna. Barnoonni hawaasa biratti fudhatama qabu (haqaa) kan gaafii eenyutu bu'aa isaa argata jedhuu fi yaadaa fi qabatama jiru hubachuuti. Akka bu'aan sun itti dhugoomus kan deebisu jechuudha. Sanyiin ykn gosaan, afaaniin, saalaa fi ilaalchaan nama adda baasuu dhabamsiisuu irratti hojjata.



## *Tokkummaa Uumamaa*

*“Mallattoolee Isaa keessaa uumama samii fi dachii, afaanii fi bifti keessan gargar tahuudha; Warroota beekkumsa qabuuf kana keessa ergaaleetu jira” (Qur’aana 30:22)*

Tokkichummaan Rabbii uumamuma Isaa keessatti ibsama; uumama akeeka qabu, qindaawaa fi walsimataa ta’e. Walitti hidhamiinsi, qulqullinni, walta’iinsi kutaa qaamota kanaa tokkichummaa Rabbii ol tahee kan tolchee yeroo fi bakka isaan barbaachisanitti isaan uumee ibsu. Rabbii tokkichatu hawaa seera uumamaa dhaabbiidhaan hordofu kana uumuu danda’a. Uumaan beekkumsa xumura hin qabnee kun qaama uumamu hundaaf gahee qoode. Sirna qaama keenyaa kan Sirnaan (ciminaan) qindaawe, takkaa sammuu seelii qeenxee irraa walitti qabamte, qulqullina atoomii, ykn tarree sirna soolaarii keenyaa ta’innaa, cufti isaanii bu’aa karoora qindaa’aati jechuun ala waakkachuu hin dandeenyu. Kana daran kan nama dingu, uumamni kunniin hunduu karaalee adda addaatiin walwajjiin hidhata qabaachuu isaaniiti. Uumamni qabatama arginu daran hedduu bal’aadha; wanti dinqisiifatamu hundi isaa mallattoo tokkichummaa Rabbiiti.

Tokkummaan uumamaa akkaataa sirna barnootaa itti bocan irratti dhiibbaa qaba, garuu keessattuu wantoota saayinsiin walqabatan, barruulee yeroo hedduu adda faffaca’an, qo’achuuf barbaachisaadha. Kitaabni barnoota saayinsii gara caalu wantoota wal hin fakkaanne irraa walitti qabama, hunda isaaniitiin saayinsii jechuun ni ulfaata. Kitaabni barnootaa

tokko dafee dhumatee akka kan itti aanutti darbamu godhamuun ijoolleen akka hariiroo hunda keessatti uumama Rabbii kan walitti hidhata qabu hin xiinxalline fi hin dinqisiifanne yeroon jalaa saamama. Silaa ijoolleen yeroo gahaa qabaatanii mallattoolee Rabbiin addunyaarratti uume ni xiinxallu, itti yaadu, ni ajaa'ibsiifatu ture.

## Boqonnaa Shan

### Tokkummaa Dhugummaa

Yeroo tokko kara-deemaan wahii mana barumsa Islaamaa Siyaatil dhufee qalbima nagayaatiin akkana jedhee gaafata, “Barumsa amantii fi kan amantiin alaas barsiiftuu?” Yeroo sanatti, ani hedduu oo’ituu waan tureef hammuma utaaalee, “Lakki! Lakki! Lakki!” jedheen. Ilaalchi barnoota walabaa Islaamummaaf haarawa. Qo’annoolee Islaamaa barruulee biraa irraa adda baasuun ilaalcha amantii jireenya irraa adda baasuu nama keessatti biqilcha. Ilaalchi yaadni dhugaa lamatu jira: kan ergaa Rabbirraa argamuu fi isa yaaduu fi qo’achuun irra gayamu jedhu sun, ilaalcha bu’uura Islaamummaa ka towhiidaa faallessuudha. Karaan beekkumsa ittiin argannuun adda adda, garuu dhugaan jiru hundi Rabbii tokko irraayi. Caljenneetuma barruulee Islaamaa isaan kaanitti makuun qofti bu’uura Islaamaa buufne nu hin jechisiisu. Ilaalchii fi yaadni ‘Barruulee Islaamaa’ jedhu cufti ijaarsa warra Lixaati!

Islaamummaan amantii jaamaa miti. Akka yaadan, xiinxallanii fi akka qo’atan ajajamanis, waan amantii isaanii balleessu itti fakkaatee, Muslimoota hedduu xiinxalluu, qo’achuu fi gaafachuu sodaata. Carraa dhabuu ta’ee, tattaaffiin milkaa’ina bara darbee irraa barachuuf godhamu baay’ee xiqqaadha, gadaa Muslimoonni, amantii fi sonoonni sirnoota sana adda adda ta’uu wajjinuu, ciminnaa fi gootummaan beekkumsa warra kaanii argachuuf dhaabbatan. Qabsoo guddaa, waldhibdee fi gufuun hedduu jiraatus, hayyoonni Muslimaa yeroo sanaa dhumarratti qaama beekkumsa hiikkamee walitti fiduu fi Qaama beekkumsa Islaamaa (*ilm*) tiin walfakkeessuu osoo hin taane walsimachiisuu danda’aniiru.

## **Qalbii, Sammuu fi Saayinsii Barnootaa**

Uumaan (Rabbiin) keenya sammuu keenya ergaa buuseen qajeelchee akka beekkumsaa fi hubannaa argachuuf itti fayyadamnu nu godhe. Saayinsiin warra Lixaa erga uumama lubbuu (nafsee), qaamaa, sammuu, hubannaa fi qalbii (onnee hin mul'anne) qorachuuf tattaaffii eegalee bubbuleera. Yaadni isaa caljedheetuma daangaawwan hubannaa saayinsii warra meeshaaleyyii fi yaada-dhiphoo keessatti argamuu miti. Isa haa galatuu nuti hamma saayinsiin isaanii qalbii ilma namaa qaamuma buqqee mul'atu kanaan walgita jedhanirra dursinee deemnee jirra. Sababa rakkoollee turaniitiif barnoota daree kan qayyabannaa sammuu qofa irratti hundaa'e keessaa bahuu osoo hin taane, qo'annoolee akka samuun namaa itti baratu ykn qayyabatu irratti qophaa'an hedduu gadi fageenyaan ilaaluu qabna.

Fakkeenyaaf, akkaataan barataan yoo waa itti dhagahaman ta'u barnoota isaa irratti jijjiirama fida. Mukaahuun qaama sammuu kan hippocampus jedhamu hubuun qaama yaadannoo yeroo dheeraa miidha. Kuni dandeettii fi fedhii barachuu isaanii hir'isa. Yeroo dhiphatan hormoniin dhangalaasan dandeettii barnootaa miidha; inumayyuu qaamota sammuu tokko tokko dulloomsuu danda'a ykn dulloomsutu mala. Aaruun ykn mufachuun barattoota muraasa akka barumsa matatti hin qabanne godha. Keessattuu, miidhaan dhiphachuu namaa namatti adda addummaa qabaatus, yoo waan gaariif ta'e xinnoo dhiphachuun akka rakkoo hin qabnetti ilaalama. Garuu, wanti barattoota muraasarratti qormaata ta'u, barbaachisummaa

tokkoo tokkoo barattoota teenyaa beekuuf jecha (warra birootiif) hedduu dhiphachuudha. Barsiisonni mallattoolee yeroo barsiisan mul'isanii fi baasinsa sagalee irratti of eeggennoo gochuu qabu, lamaatuu ariitii fi fedhiin ala waan socho'aniif tasa gara sodaachisuutti jijjiiramuu malu. Baacuu fi kolfi, haalli itti raawwatu beekamuu dhabus, adeemsa baruu ni jajjabeessu.

Waa hunda caala naannoon daree barnootaa kan nageenyummaan ijoollee itti mirkanaa'e ta'uu qaba. Barattoota gidduutti ta'ee barattootaa fi barsiisota gidduu wal kabajuun jiraachuu qaba. Barattoonni sodaa fi tuffii takka malee waan itti dhagahame ibsachuu danda'uu qaban. Muuxannooleen daree barnootaa badaa ykn mijataa hin taane adeemsa barachuu ijoollee irratti miidhaa hamaa qaba. Qindoominni seera ta'uu qaba. Yaadota walii qooduudhaan wal hubannaa gaaritu argama. Barsiiftonni akkaataa ijoollee itti barsiisan, dandeettii isaaniitiin qoqqooduu ta'innaa ykn akka ijoolleen bahanii barsiisan kakaasuun lamaanuu fayyadamoo ta'uu mirkaneessuuf yeroo gahaa fudhatanii hojjachuu ykn itti qophaa'uu qabu. Hojiileen barsiisummaa barsiisaa qofa giddu-gala qodhatan xinnaachuu qabu.

Barachuu fi yaadannoon walitti hidhata qabaatanis, garuu tokkoo miti. Yaadannoon bakka odeeffannooleen beekumsaa itti kuufaman yoo ta'u, barachuun ammoo adeemsa odeeffannoo haaraa fudhatuu fi samuu keessa ol kaa'uuti. Kuusaan yaadannoo kun hedduu walxaxaa, garuu wanti akkaan barbaachisaa ta'e garaagarummaa kuusaa yaadannoo gabaabaa fi dheeraa beekuudha. Wanti hedduu yeroma xiqqoo qofaaf

yaadanna. Kuusaan yaadannoo sun yoo irra hin deddeebi'in ni bada. Yoo xiyyeeffannaa itti kennine qofaa fi beekumsa dura jiruun wal qabsiisuun, irra deebiin tuttuquun jabeessuudhaan qaama kuusaa yeroo dheeraa gochuun ni danda'ama. Miira qaamaa hedduu odeeffannoo argannoo haarawa gara sammuu geessanii fi karaalee garagaraa kan miira qaamaa kakaasuun adeemsa baruuf barsiisuuf saffisiisantu jiru. Barachuun xiyyeeffannaa barbaada, raagaa argannoo haarawa filanii qindeessuun fudhachuu. Yaada walitti sasaabuunii fi kuusuun humna gaafata, haala xumura hin qabneen hin kuufamu. Adeemsa barsiisaa giddu galeessa godhate kan daretti barsiifamu keessatti, ijoollee muraasatu daqiiqaa digdamaaf xiyyeeffannaan isa caqasa. Jijjiiramni ykn gochaan adeemsa kana hambisuu danda'u yoo jiraate irra deebiin xiyyeeffachuudha. Barsiisaan yeroo barsiisu kutaa keessa asiif achi sosocho'uun adeemsa baruuf barsiisuu fooyyessuuf godhamu bu'a-qabeessa ture, garuu sababa sochiin sun adda cituufi ykn unkaamfamuu malee. Yeroo barattoonni gocha wayii raawwachuu barbaadan waan san dhuunfaanis ta'ee gareen ibsachuuf, yeroon gahaan isaanii kennamuufii qaba; keessattuu waa'ee xiyyeeffannaa irratti.

Wanti akka waliigalaatti beekkamu, ciminni uumamaa kan sababa muuxannoo gaarii ykn badaa qabaachuutiin malee dhufu dhalootaan jiraatuu isaati. Sammuun daa'ima meeshaa banaa miti, beekkumsa fal'aanaan namatti hin qicamu ykn humnaan namatti hin dhiibamu. Garuu, haala baruuf barsiisuu barattoota giddu-gala godhateen kaka'umsa itti uumuun ykn haala mijeessuun akka isaan karaa uffii fedhaniin akkataa itti fufiinsa qabuun, boca sammuu isaanii keessatti uumamuun

akka baratan gochuuudha. Saayinsiin qalbii, sammuu fi barnootaa adeemsa baruu guddataa fi ijaaramaa dhufuu tumsa, kan kallattii tokkoo ni qeeqa.

Karaa beekkumsi kuusaa yaadannoo yeroo dheeraa keessatti kuufamu irratti karaan hubannaa amma jiru akka armaan gadiitti gabaabbatee dhiyaate:

- Namoonni lama gonkumaa karaa walfakkaatuun hin baratan,
- Barachuun beekkumsa dura jiru irratti hundaa'a,
- Baruuf barsiisuu ijoollee giddu-gala godhatetu kan barsiisaa giddu-gala godhate caala bu'a-qabeessa,
- Qabiyyeen barnootaa madaalawoo ta'uu qabu,
- Barachuun duub-deebii ykn yaada gar-lamaa barbaada,
- Sochii gochuun adeemsa barachuu ni fayyada,
- Barachuun yoo qaamoleen miiraa hedduun irratti hirmaatan wayya,
- Kaka'umsi adeemsa barachuu ni fayyada,
- Adeemsi baruu inni sirrii gahumsaa fi jajjabina nama dhuunfaa irratti hundaa'a,

## **Boqonnaa Torba**

### **Gama Imaammata Toowhiidaa kan Tokkoomee**

Malli uumama dhugummaa, karaan caba hin qabne kan sammuu ittiin yaadu, adeemsi walitti qindeessuu kan kuusaa yaadannoo tumsu, adeemsi walitti hidhuu kan beekkumsa burqisiisu, hariiroon ilaalchaa kan xiinxala haarawa uumuu, walitti bu'iinsi yaadota hariiroo hin qabne lamaan kalaqa keessatti argamanii-hunduu, yaad-rimee waliigalaa, sirnaawaa, qindaawaa fi walitti hidhataa irratti hundaa'u, malee kan gama barnootaatiin argamanii miti..

Tooftaan ijoolle beekkumsa qabsiisuu aadaa tilmaamota boca sammootii fi tokkummaa dhugaatiin walhin simanne irratti kan hundaa'eedha. Rabbiin sammuu namaa akka tokkummaa beekkumsaatiin wal simatu godhee uume. Beekumsi haarofni sammuma keessatti walitti qabama, jalqaba hunduma fudhachuun eegasii hidhata mataa isaa uumachuun, duubee nama dhuunfaa, maatii, dandeettii fi beekumsa duraa irratti hundaa'uun boca addaa uumata.

Yemmuu caaseffama sirna barnootaatti tooftaan yaada dhiphoo hojiirra oolu bu'aan argamu haqa adda ciccite, tarree galee fi waaltawe ta'ee, caasaa silaa barnootaaf bu'uuraa ukkaamsa. kana daran hamaan, yaada kana warra qabxii gahaa hin fidinirratti fayyadamuudha, odeeffannoo jiru akkaataa caasaan sun barbaadutti gadi hir'isuun hubannaa dhabamsiisa.

Manneen barumsa hedduu keessatti caaseffamni barnootaa barruulee barnootaa kan qabxii guddaa silaa uf keessatti qabamuu qabu hin hammatiniin walitti hidhatuudha. Kun akka



ijoolleen mata duree sana gadi fageenyaan hin hubanee fi waan jireenyaaf fedhii isaaniitiif ta’u, akkasumas, akka barsiisonni adeemsa barsiisuu isa dhugaa kan kuusaa yaada yeroo dheeraaf oolu irratti hin xiyyeeffanne dhoorga.

Akkuma caaseffamni barnootaa kun bal’inaan ibsu, murannaan beekumsa waaltessuu fi qindeessuu, garuu, seenaa dheeraa qabaatuu isaati. Akkasumas moodeelli ykn bocni ‘manni barnootaa akka warshaati’ jedhu jiru, warri biroo ammoo caaseffama barnootaa dagaagina fedhii ijoollee fi dargaggootaa, kan dimokraasii fi pirojektiiwwan adda addaa uf keessatti qabatu leellisan. Jalqaba bara 1932 keessa manneen barnootaa hedduu moodeela ‘barnoota-waggaa-saddeetii’ kana hordofuuf yaalan. Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa caseeffama qindaawaa irraa isaan manneen barnootaa qophaa baratan wajjiin walbira qabaman. Manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa fi kolleejjii irraa barattoota 1475tu walbira qabaman. Tokkoon tokkoon garee barataa tokko caaseffama kalaqaawaa, qindaawaa fi barataa giddu-galeessa godhatee fi tokko ammoo mana barnootaa caaseffama waaltawaa, barsiisaan qajeelfamu fi barnoota kophaa uf keessatti qabata. Barattoonni mana barnootaa caaseffama qindaawaa caalatti dandeettii beekumsa horachuu, kaka’umsa qabaachuu, qabiyyee gaarii argachuu fi dhimmota addunyaadhaan walqabatan hubachuu qabaatan.

Jalqaba walakkaa afurtamootaa, garuu manneen barnootaa sunneen mormii hamaa keessummeessan. Gadaa *McCarthy* keessa, miidhaan ni hammaate. Akaakuun barnootaa haaromsaa kun akka adeemsa sirna komunistiittii ilaallame. Manneen barnootaa ummataa keessatti barnoonni akaakuu

barnootaa irratti hundaa’u deebi’ee hojiirra oole. Manneen barnootaa ammayyaa keessatti namootuma sirna barnootaatiin muuxannoo addaa qaban birattuu caaseffama sirna barnootaa waaltawaa kana warra tumsan arguun ulfaataadha. Akka carraa dhabuu ta’ee garuu, sochiin bal’aan sirna bu’a-maleessaa fi jaarrotaa tortoraa kan barruulee qoqqooduu kana hambisuuf godhamu hin mul’atu. Maqaa haaromsa sirna barnootaatiin, gaggeessitoota daldalaa fi industirii gurguddootu hayyoota barnootaa cinatti qabanii gaamtaa siyaasaa isaanii wajjiin manneen barnootaa dhuunfate. Baroota ammayyaa keessa ammoo gamaaggamnii fi hordoffiin akka barsiisonni adeemsa barsiisuu waaltawaa dhiisanii barruma caasaan kaa’ame qofa barsiisan godhe.

Wanti beekuun barbaachisu rakkooleen kunniin manneen barnoota mootummaa keessatti kan mul’atan ta’uu isaati. Manneen barnoota Islaamaa, akkuma manneen barnoota dhuunfaa biroo, too’annaa gareewwan fedhii addaa kana jala hin jiran, garuu hedduun isaanii manneen barnoota mootummaa akka bir-qabaa ykn waaltawaatti fudhatu. Ijoolleen keenya kana caala haqa godhatu. Nuti akka isaanii san godhuu hin dandeenyu. Nuti mana barnoota dhuunfaa kan caaseffama sirna barnootaa qajeelfamoota Rabbiin Qur’aana keessatti nuuf eere beeku, kan dhalooni boruu irraa fayyadamu, kan akka gaggeessitoota hawaasa Muslimaatii fi miseensota hawaasa bal’aa keessa jiraannuutti ittiin tajaajilamnu qabna. Caaseffamni sirna barnootaa keenya gadi fageenyaan yaaduu, xiinxalluu, yaada ibsachuu, ilaalchaa fi waa beekuutti nama kakaasa.

Akka haqaatti kitaabban manneen barnootaa qopheeffaman kanneen seeraan Rabbiin osoo hin taane meeshaaleyyummaa (dhimma addunyaa) giddu gala godhatan, kun manneen barnootaa Islaamaatiif bu'uura dhugaa ta'uu hin danda'an. Barsiisaan mana barumsa Islaamaa barsiisu tokkoof caaseffama Rabbi ykn Uumaan haqaa hin jiru fudhatee barsiisuun tasuma fudhatama hin qabaatu. Garuu, kuni Rabbiin xiqqeessuu qofa osoo hin taane, haqa ijoollee nu itti gaafatamnuu dhabsiisuudha.

Imaammata sirna barnootaa toowhiidaa fayyadamuun, akka ijoolleen barruulee dura qopheeffamanii barsiifamuun, yaadachiifamuunii fi akka deebisanii barsiisotaaf ibsan godhama, osoo akka yaadanii fi yaada ufii bahatan carraan hin laataminiifi. Kana jechuun kitaabban barnootaa amma jiran kanneen manneen barnoota Islaamaas dabalatee, yoo gargarsaaf ta'een alatti, hanqina qaban jechuudha. Kitaabban barnootaa keessatti barruulee sagantaaletti qoqqoodanii mata dureelee hedduu barsiisuun kan tokkoon tokkoon isaa yeroo gabaabdutti xumuramu ta'a. Yeroo hedduu xumura waggaa irratti barruuleen kunniin ni gabaabfamu, osoo kitaabni hin xumuraminis ta'u. Kana daran, aadaan kitaaba barnootaa irraa barsiisuu tilmaama sobaa kan daa'imni daree keessa jiru kamuu beekumsa duraa, fedhii fi muuxannoo daa'ima isaa kan umrii isaatiin walfakkaatuu qaba jedhutu mul'ata. Kanaafuu yaadni isaanii waliigalanii barachuu qabuudha.

Kitaabban dhugaa murteessoodha, garuu namni hunduu kitaaba walfakaaturraa dubbisa ykn barata ykn barruulee argatan cufa dubbisu jechuu miti. Barruulema dura qopheeffamanitti utaalani dubbisuurra, tokkoon tokkoon barataa beekumsa

duraan qabu irratti, fedhiiwwanii fi hawwii ufii hordofuun gaafii mata isaatiif deebii barbaaduu fi wanta dhugamatti hunda caala isaaf barbaachisaa ta'e hubachuuf yeroo qabaachuu feesisa. Wanti barbaachisu kitaabban hawwatoo ta'an akaakuu fi sadarkaa addaatti jiran gahaa argachuudha.

Sirni barnoota gosa hedduu barsiisuu kun hayyoota barnootaa hedduun xiinxalamaa ture. Qabiyyee irratti ifatti adda addummaatu mul'ata, garuu qabxiilee barbaachisoo danuu irratti waliigaltee walootu jira.

Barsiisaan galma akaakuu barnoota barsiisuu sana gadi fageenyaan beekuu qaba. Warri mormu galma kanaaf jechoota adda addaa fayyadamaniiiru-hubannaa yaadaa bal'aa, gaafii bu'uuraa, giddu-gala waloo, mul'ata guddaa, galmoota muummee, yaadota jajjaba, caaseffama yaadaa, hubannaa itti fufiinsa qabu fa'a jedhu. Yaadni ani qabu galmoonni bu'uuraa kunniin qajeelfamoota Islaamaa murtaawoo ta'uu qabuudha. Barattoonni qabiyyee barruulee sanniinii fi qajeelfamoota Islaamaa bal'aa gidduu jiru osoo ufumaa barbaadani qayyabatani filadha. Garuu barsiisaan hubannaa kana uumuun gahee ufii taphachuu qaba.

Jay McTighe fi Grant Wiggins waan 'gaafilee bu'uuraa' jedhaniif barbaachisoo tarreessaniiru, kunis gaafii:

1. Banaa, deebii xumuraa takka kan hin qabaanne,
2. Yaadutti nama kakastuu fi beekkumsa gaafattu,
3. Qabxii gara yaadota barbaachisoo ceessifamuu danda'anitti geessan qabu,

4. Gaafii biraa kan qo'annaa dabalataatti nama akeeku kan fidu,
5. Tumsaa fi mirkaneessuu kan barbaadu- deebima qofaa miti,
6. Hubannaa yeroo biraas yaadatamutti kan geessu,

Warroonni caaseffama barnootaa qindaawaa babal'isan hunduu barbaachisummaa barattoonni karoora qopheessuu keessatti qooda fudhachuu irratti waliigalu. Barsiisotaa fi barattoonni wajjiin taa'anii mata-duree filu, odeeffannoo sassaabu, gaafii baasu, hojiiwwan, pirojektootaa fi imala bakkee (diree) qopheessu. Nabiyyiin Muhammad (SAW), ergaa Rabbii qajeela fudhatee haala baay'ee hawwataa ta'een barsiisaa ture. Akkasumaa ta'ee waan cufa keessatti warroota ufii hoogganu akka mari'achiisu Qur'aanaan ajajame. "Wantoota hunda keessatti mari'achiisi"(Qur'aana 3:159). Abuu Hureeyraan akka gabaasetti, "Nama ergamaa Rabbii caala marii jaalatu takkaa argee hin beeku". Naannawa tokko keessa qilleensi (haalli mijataan) bilisummaa fi dhugummaa jiraachuun, fedhii yaada waljijjiiruu fi bilisummaaf haqaan gorsa kennuu namaa dagaagsa.

Gochaan raawwataman kanniin keessatti barattootuma hundatu hirmaata jechuu miti. Bu'aan caaseffama sirna barnootaa irra barbaachisaan tokko ajajoota adda babaasuu namaa laaffisa. Yeroo hundaa sadarkaan ijoolleen dhuunfaanis ta'ee gamtaan akkaataa tooftaa fi fedhii barachuu isaaniiittiin itti hojjatan jiraachuu qaba. Haala kanaan fedhiiwwanii fi gaafilee isaanii galmaan gahan.

Sababa barumsi haarofni beekumsa dura jiruun walitti hidhatuun adeemsi yaad-rimee wal simataa waan deemuuf, baruun fedhii duwwaa osoo hin taane qabatama dhimmoota faaydaa qabani ta'uu qaba. Barnoonni kennamu haala jijjiirama hawaasummaa fi siyaasa isaan mudatu, taatee haarawa daree ykn mana barumsaa keessatti tasa uumamu waliin jijjiiramuu danda'uu qaba. Barbaachisummaan dhimmoota jireenya keenya irratti dhiibbaa geessanii hubachuu xiinxala atattamaa qofa kan barbaadu osoo hin taane, bu'uura boruu hegeree isaan tajaajiluu buusuu danda'a. Karaa Nabiiyichi ittiin barsiiseen ala fakkeenya fooyya'aa kam barbaanna. Barruun cufti isaa taatema haarawa argameef deebiisaa ta'eeti kennamaa ture. Kallattiin Qur'aana ittiin hubatan barbaachisaan tokko taatema naannoo keenyatti raawwatamu kamuu jecha Rabbiitiin walbira qabuudha.

Haqootaa fi muuxannooleen tooftaaleedha. Kophatti adda adda baafamanii barsiifamuu hin qaban, isaaniif jechas miti kan barsiifaman. Barsiisaan muuxannoolee, barruulee fi qabxii muumee galmoota barbaadaman sanneen keessa galchuun akka wal simatan gochuu qaba.

Ijoolleen yeroo qaalii ta'e, kan itti yaadan, abuuranii fi bashannanan argachuu qaban. Hubannaan itti fufiinsa qabu argachuuf barattooni carraa yaada ibsachuu, mari'achuu, xiinxaluu, muuxannoo haarawaa fi dhuka dubbii argachuuf yeroo argachuu qabu. Kanaan beekumsa dura qabaniin walitti hidhan. Dhugaadhaan ariitiin osoo itti hin yaadin ykn kalaqni itti hin dabalamin baratamanii achi darbataman, carraa yeroo dheeraaf yaadatamuu xinnaa qaban.

Waan sammuu keenyaa ni beekna, haguma adeemsa barachuu keessatti miirri gahaan hirmaate, carraan beekumsi sun kuusaa yaadannoo yeroo dheeraa keessatti turuu bal’ataa deema. Pirojektiiwwan, qorannoolleen, taphoonni, qo’annoon walabaa, imalli dirree bayuu fi dirree bayanii simatamuu fi kkf akaakuuwwan muuxannoolee baruuti.

Barsiisaan ogeessa addaa ykn beekumsa gahaas qabaatuu dhabuu danda’a. Barsiisummaan yeroo ijoollee barsiisan waliin barachuu danda’uudha. Ogummaan barsiisaan alaa Yuutiyuubii, viidiyoo, hiriyyoota addaa, kitaabban, keessummoota dubbatan, imala dirree bayou fi barattootuma mataa isaanii yoo ta’an, jaalala (beekumsaan) guddachuu horachutu irraa eeggama.

Akka Qur’aana keessatti irra deddeebiin yaadachiifamnetti, amanuu qofaa miti kan nurraa eegamu, amantaa keenya sana hojiidhaan mirkaneessuudha. Amanuu fi beekkumsa argachuun qofti gahaa miti. Amantaa fi beekumsi uumamaan gara hojiitti nu geessuu qabu. Kanaaf, barattoonni walgahii ummataa irratti hirmaachuu, biiroolee mootummaa dhaquu, xalayaalee barreessuu, bilbila bilbiluu fi mallattoo sasaabuu barachuu qaban. Manneen barnootaa keessatti tajaajilli hawaasummaa beekamaadha, manneen barnootaa keenya keessattis xiyyeeffannaa barbaada. Yaadotni Islaamaa kamiyyuu fudhannu deemee deemee gara galmoota tajaajila hawaasummaa sanatti nu geessuu qaba.

Hojii caaseffama sirna barnoota dhaloota Muslimaa kan fuulduraa qopheessuun nu ilaallata- caaseffama dhugamaan toowhiidarratti hundaa’e. Galmi bu’uuraa nuti filannu kamuu

haala of eeggannoo qabuu toowhiidaan, akkasumas akeeka jiraachuu keenyaa ka Rabbiin gabbaruu fi akka Inni fedhutti jiraachuu waliinis, walitti hidhamuu qaba. Qajeelfamoota Islaamaa kanniintu akka Muslimaatti jiraatuuf bu'uura nuuf ta'a, qabiyyee yaadota kanniinii uf keessatti hammatee.

Ilaalchi haqummaa kallatti hedduun deebii argachuu danda'a. tokkummaa namummaa, nagaya buusuu, dhiifama, beekkumsa barbaaduu, gamtooma, amanamummaa, hariiroowwan, dhiibbaawwan gosummaafi sabummaa, adda addummaa keessummeessuu, karaa Rabbii keessatti baqachuu fa'aani. Galmi xumuraa amaloota Rabbiin giddu-gala godhatan kan barattoota teenya akka yaada, taatee, faallaa kamuu xiyyeeffannaan xiinxalan gochuudha. Kanaan akkaataa dachee tanarra itti jiraatan irratti hariiroo qajeelluma Isaa cimaa horatan.



## Boqonnaa Saddeet

### Uumaa ykn Amala Uumamaa

Uumaan (fixraan) kennaa Rabbiin hunda keenyaa badhaase, kennaa jireenya keenya guutuu nu wajjiin turuu danda’u. Yaasin Mohammed, kitaaba isaa uumaa (*fixraa*) jedhu keessatti hojiiwwan hayyoota duraa fi ammayyaas itti dhiheenyaan ilaaluun hiikkaawwan isaan adda addaas qayyabatee ture. Walitti qabaa ibsoota qooqaa fi amantii irratti hundaa’uun, uumaa akkanatti ibse, “haala uumama dhalootaa kan hin jijjiiramnee fi kan dhalootumaan ilma namaa hunda biratti argamuudha...kan kallattii gocha gaarii fi Rabbii tokkoo Allaahaaf bitamuutti maquudha.”. Inni uumaa akka gaarummaa uumamaa bu’uuraatti ibse, faallaa badii ykn dilii bu’uuraa jechuudha. Adeemsi dilii uumamaa ilaalcha Islaamaa kan araaramaa ol’aanaa fi itti gaafatamummaa ilma namaa leellisu biratti fudhatama hin qabu waan ta’eefi. Yaasin ammas uumaan gaarummaa ykn qulqullina namummaa kan Rabbiin hunda keenyaaf kenne, kan haala qabatamaa jiruuf saaxilamuu danda’u ta’us, garuu gutuun guutumatti baduu kan hin dandeenyeedha jedhe.

Uumaa kana hojiirra oolchuun, gahee Rabbiin nurraa barbaadu bahachuun galma ilma namaa hundaa ta’uu qaba. Qalbiin keenya gaarii fi badaa akka adda baafannuu fi fedhii bilisaatiin karaa sirrii ta’e hordofnu nuuf hayyama. Qur’aanni Muslimoota yeroo ibsu isaannan amananii hojii gaarii hojjatan jechuun ibsa. Amalli Rabbiin namaa kenname-uumaan kun, fedhiin bilisaa fi qalbiin bu’uura nuti akka barsiiftotaatti ergama keenya itti galma geessinu nuu kennan. Kanaanis

namoota dhuunfaa gaggaarii Rabbiin jaalatanii fi haqaaf qabsaa'an argachuu ykn horachuu dandeenya.

Uumaan ijoollumaa, kan dhalootaa, haala qabatama jiruun hubamuu danda'a. Daa'imni sun haala Islaamaa dhugaa keessatti guddatuun ammoo dirqama keenya ta'a. Barsiiftonni ijoollee haalaa fi amala Islaamaa irratti guddisuu, sababa isaan dachee irratti argamaniif, waan uumaan isaan irraa barbaadu akka guutan, hubachiisuu caala hojii barbaachisaa kamillee hin qabaatan. Sila nuti, akka barsiiftotaatti, hariiroo walitti dhiheenya kan daa'ima fi Rabbii isaa gidduu jiru kabajaa jirraa? Amala uumamaa kan Rabbii jaalatu, baratu, hamma danda'ame gaarii ta'uu san akka horataniif qajeelchaa fi kunuunsaa jirraa? Yeroo ijoollumaa fi dargaggummaatti ijoolleen carraa waan filatan barachuu fi waan fedhan filachuu argachuu qaban. Kanaaf ammumaan isaan qopheessuun gahee barsiisaati, fuuldura isaaniitti murteewwan ciccimoo isaan mudatuuf deeman waan hin beekneef ykn tilmaamuun hin danda'amneef jecha. Fedhii bilisaa jechuun filannoodha. Nuti, akka ilmaan namaatti, mirga Rabbiin kenne irratti akkamitti aangoo fedhii bilisaa qabaachuu dandeenya?

Amallii uumaa, gara biraatiin, mallattoo nama dhuunfaa kan inni sababa amala isaatiin badhaafamu ykn adabamuuti. Adeemsi amala uumaa (*behaviorism*) kun jalqaba jaarraa darbee keessa muummee barnootaa irra gahee, gadi fageenyaanis utubamee ture. Yaadonni amala uumaa kana ibsan 1) namaa fi bineensonni biroo sababuma amala isaan mul'isani qofaan adda ta'an, 2) wanti fedhii bilisaa jedhu hin

jiru, 3) namoonni qulqulluu ta'anii dhalatan, guddinni isaanii naannoo keessa jiraatan irratti hundaa'a.

Akka Muslimootaatti, Rabbiin waliin hariiroo addaa akka qabnu ni beekna. Yoo akkuma qaamonni biroo kaayyoo isaanii galmaan gahanitti nutis galmaan geenya jenne kaayyoon keenya hiika dhaba. Nuti, keessattuu Rabbiin gabbaruu fi dacheerratti fedhii Isaa guutuudhaaf uumamne. Namni miidhaa dhokataa naannoo isaatiif saaxilamaa miti, garuu ilaalchi, qixa sirrii kan akkaataa inni/isiin tajaajilaa ykn gaaricha Rabbii ta'uu filanoo qabaatu godhame.

Taateewwan yaad-rimee karaa jireenya keenyaatti rakkoo fiduu malan sirritti hubachuu qabna, ammas yaaliiwwan gaaffii tilmaama faallaa ilaalcha Islaamummaa jiranis akkasuma beekuu qabna. Keessattuu amalli uumaa kun yoo dorgommii keessa seene hedduu balaafamaadha. Dorgommiin barsiisummaa sona hawaasummaati; kan baasii nama tokkoo irratti inni kuun injifatu. Kuni ammoo barruu Islaamummaan barsiisu kana caala kisaaraadha. Kana irra gamtoomaa fi hariiroo uumuu jajjabeessuu qabna. Ijoolleen akka waliin hojjatanii fi walgargaaranii hafuura hawaasummaa isa uumamaa guddifachuu qaban. Rakkooleen ciccimoon hawaasaa yeroo ammaa sababa hamma barbaachisuu ol mirga nama dhuunfaa irratti xiyyeeffachuu, miseensota hawaasaa dadhaboo miidhuu, qilleensa naannoo faaluu, bu'aa dunyaatiif dirqisiisuu, of jaalachuu, sagaagalummaa, dhugaatii alkoolii fi qoricha hamma barbaachisuu ol fudhachuu fa'adha.

## Boqonnaa Sagal

### Hiree Murteeffannaa

Yeroo ammaa hayyoonni xiin-sammuu qorannoo isaanii kaka'umsa ykn waan kanaan hidhata qabu, kan akka fedhii fa'a irratti xiyyeeffataa jiru. Daa'imman fedhii waa beekuu fi baruu godhataniiti dhalatu, kun bu'uura qaama dhala namaati. Hireen murteeffannaa fedhii bilisaa, yaaduu fi uumaa wajjiin walsimata. Garuu warri amala uumaa qoratan yaadni kun hin jiru jedhan.

Kaka'umsi keessoo kan dhugoomu yoo wanti wahii keessaan namatti tole ykn nama gammachiiseedha. Kuni jaalala barumsa qulqullina qabu barachuu, hubannaa fi dandeettii kalaqa sammuu (waa uumuu) fi ilaalcha gaarii cimsachuu babal'isa. Faallaan kanaa ammoo, kaka'umsi (dhiibbaan) alarraa godhamu, wanta wahii sababa bu'aa addaatiif jecha hojjachuu jechuudha. Bakka hojiitti kaka'umsa keessoo hedduu arginee, sababa ilaalchi barachuu sun waggoota barnootaan duraa sana jijjiirama fooyyee ajaa'ibaa fideefis gaafanne. Dura hubannaan ykn dandeettiin waan haarawa hojjachuu guutumatti badee ture fakkaata. Kaka'umsa dhabuun waanuma jiru, garuu akkaataa gaarummaa haala uumama namaaf Rabbiin kennee yoo ilaalle, kaka'umsi keessoo daran akka dagaagu kunuunsuun guddisuu fi firii itti godhuun dirqama ta'a.

Wantoota xiin-sammuu jajjabeessan saditu guddina kaka'umsa keessootiif sababa ta'u, 1) uf danda'uu, 2) dorgomaa ta'anii argamuu, 3) walsimachuu. Namoonni uf danda'an amala ufii akka kennaa dhuunfaa fi sonootaa fi fedhiwwan isaaniitiin walqabataatti ilaalu. Bu'aan isaa amala bifa addaatiin barachuu, dhiphina hir'isuu, humni dabaluu, guddinaa fi hawaasummaa gaariidha. Amala

akkasii sana ufiif mirkaneessuun sun fedhii sonoota maatii ykn amantii ibsachuu ta'uu danda'a. Kophummaa fi uf danda'uu caasaadhaan walqixaa miti. Qo'annooleen akka mul'isanitti uf danda'ummaan kan dabaluu cimina hariiroowwaniiti.

Uf danda'ummaan kan hubamuun too'annaadhaani; too'annaa bifa ajajaa, sodaachisaa, baallama xumuraa, dorgommii, badhaasaawwan uf eeggannoo, qabxiilee, waraqaalee ragaa fi galatoomfachuu fa'aan ta'ee, kaayyo-qabeessummaan gara caalu akka dhimmoota alaa irratti akka irkatu godha.

Kaka'umsi keessoo ka jajjabaatuun ga'umsaan, ykn ilaalcha ga'umsaa qabaachuudhaani. Barsiisonni walbira qabiinsaa fi waldorgommii akka ijoolleen ga'umsa hin qabaanne godhuu malan irraa fagaachuu qaban. Daa'imni tokko osoo guutumatti hin dhaabatin dura kufaatii yeroo mee'aa simata?

Hidhata qabaachuun, ykn miirri abbummaa bu'uura fedhii ilma namaati, kaka'umsa keessootiifis murteessaadha. Ijoolleen qaama waliin hidhata uumuu fedhan sana waliin hidhata uumuu qabu- ilaalcha manneen barnoota Islaamaa bira dhaabatuu keessatti barbaachisuudha. Fedhii keessoo wajjiin hidhata qabaachuun kuni barsiisota dareetiin hojitti hiikama, garuu yoo isaan dursa hubannoo fedhii barattootaa kan miira hawaasa biratti fudhatama qabaachuu qabaataniidha. Dareewwan barsiisonni wal gargaarsaa fi dandeettii addaa irratti xiyyee'fatani keessatti ijoollee hundaa hirmaannatti kakaasan, akka bakka waldorgommii san osoo hin taane, gara caalu bakka miirri hawaasummaa cimaan itti uumamuudha. Yoo barsiisonni tumsa cimaa fi hoo'aa horatanii bu'aan isaan eeganis guddaa ta'e, miirri hawaasummaa ni injifata.

Dandeettii walitti qabuun, ijoollee akka dandeettii barachuu uumamaatiin qoqqooduun, dhumarratti kaka'umsa keessoo isaanii kan mancaasu ta'utu mul'ata. Kuni daree ykn mana barnootaa keessatti ta'uu mala. Bu'aan bifa kanaa ijoollee qoqqooduu tartiiba caasaa dandeettii sammuu isaanii hin mul'isu. Garuu miidhaa ijoollee muraasaa, maatii jireenya gadaanaa, maatii xinnoo baratee fi maatii qabaataa fi hedduu barate giddutti fida. Xumurarratti wanti ifoomu, warroonni daandii gadii irratti jiran sunniin furmaata wahiituu hin argatan, kufaatumaa deemu. Ijoolleen sunniinis mana barnootaatiin alas ykn jireenya isaanii keesattis ta'u gadi galoo ta'anii muuxannoo irra xiqqaan mana barnootaa isaani gadi dhiisu.

Boqonnaa kudhan

## Hirmaannaa Dhaabbilee Islaamaa

***“Nutii amaanaa samiiwwan, dachee fi gaarreen irra fidne, baachuu didan, ni sodaatan; ilmi namaa ni baadhate. Inni baay’ee lubbuu ufii miidhaa fi dogongoraa waan ta’eefi”.***

Gaheen keenya dachee irratti waan fedhii Rabbii guutu hojjachuudha. Kuni kabaja guddaa, garuu itti gaafatamummaa jajjaba! Nuti uumama filatamaa taasifamne, garuu kanuma wajjiin murannoowwan ciccimoon dhufu. Kennaawwan kanniin akka kabajnuu fi hooggannu ajajamne, garuu ammaa fi uf durattis akka haqni lafarratti mul’atuuf hojiiwwan hunduu kan dhala namaa fayyadan ta’uu haaluma kamiinuu dhugoomsuu qabna. Amantaan keessoo gahaa miti. Qabatamaan lafarratti argamsiisuu qabna. Waan gaarii fi murteessaa ta’e kamuu barattoota keenya jalaa hin qabannu.

***“Yaa warra amantan! Lubbuu keessan, maatii keessan, ykn fira keessan kan dhihoo irrattis ta’u haqaaf dhaabatoo ta’aa. Namni (sun) sooressa ykn hiyyeessas ta’u Rabbitu hunda caala isaaniif yaada. Akka haqa hojjattaniif jecha fedhii lubbuu keessanii hin hordofinaa, yoo (ragaa) jallifan ykn dabsitan Rabbiin waan isin hojjattan keessa Beekaadha.”***  
***(Qur’aan 4:135)***

Ammas yoo nageenya haqaa kabachiisuu dadhabne hoo? Akka Qur’aanni jedhutti wanti barbaachisu haqa argachuu qofaa miti, garuu haqa barbaaduudha. Osoo maatiima ilma namaa keessaa tokkoon tokkoon keenya ykn hedduun keenya hojii kabajamaa

kana raawwannee, addunyaa zulmii, lolaa fi miidhaan itti mooye tana keessa hin jiraannu turre. Ijoollee keenya Haq-dhabdummaa naannoo isaanii jiru akka hubatanii fi akkaataa addunyaa tana ammuma irraa fooyyessuu itti eegalan irratti jajjabeessuu qabna. Hiriyyoonni daree irra miidhaan gahee jiraa? Namoonni nagayaa haqa malee miidhamuu ragaan nutti himu jiraa? Tokkoon tokkoon isaanii hiriyyaa yeroo rakkoo waliif ta'uuf qophiidhaa? Waan ta'uu fi raawwachu qaban hunda gaafachuu qaban. Harka isaaniitiin jijjiiruu qabaniidha? Ajjeechaa itti fufe kana dura dhaabbachuuf maal hojjachaa jiru? Mee warra kunuunsa ykn toowannaa keenya jala jiranirraa eegaluun ergaawwan Qur'aanaa fi hadiisa keessatti irra deddeebi'an irratti haa xiyyeeffannu. Kunis amantaan hojiin bira hin jirre gahaa miti, ibaadaan hojii gaariin ala bu'aa hin qabdu kan jedhuudha. Yeroo hedduu haqa dhugoomsuuf jecha hojiiwwan xixiqqoo hojjatamantu walirra buufamanii addunyaa jireenya fooyyee qabdu uumu.

Yeroo baay'ee haqa dhabuu nama dhuunfaa qofa yaadna, garuu haqa dhabuun guutuu ummataa irratti fe'ametu nama dhuunfaa miseensa garee namootaa sanis dhaqqaba. Yeroo hedduu miidhaan bifa gosaa, sabaa, amantii ykn hidda dhalootaatiin dhaqqabuu danda'a. Kun miidhamaa sana dhugaa jiruun ala balaaf saaxiluu jechuudha. Sababa arrabsoof miidhaa isaanii fi naannoo isaanii irra gahuutiif jecha ijoolleen keenya akka yaada badaa hin yaadne jajjabeessuu qabna.

Barrnoota qabatamaa kunuunsuuf angoo fi itti gaafatama kan qabu namooma ykn nama ta'uu qofa. Akka Rabbiin Qur'aana keessatti nutti himutti, dachee kan bal'iseef nama qofaaf osoo



hin taane waanuma hundaafi. Kanaaf, kallattimaan qofa dhala namaa hundaa akka haala gaariin bakka kamuu jiraatan eeguu osoo hin taane, wantoota lubbuu qaban hunda kan dachee waliin qabnus eeguu qabna.

Uumamni fedhii qabatamaa nu keessatti uume, garuu lubbuu teenyas ni guute. Uumama xiinxaluun hubannaa Rabbiif, beekumsa Isaatii fi angoo Isaatiif qabnu irratti dagaagfachuu qabna. Ijoolleen keenya akka uumama, hidhata hariiroo ajaa'ibaa, kaayyo-qabeessummaa uumama hundaa dinqisiifatan qajeelchuu qabna. Uumamni kamuu kaayyoo qaba, Muslimni miira dirqama waan Rabbiin isa irra kaayee bahuu horachuu qaba.

Adeemsi haarofni qabeenyaa fi meeshaan qabatamaa guutamuu qaba jedhu kun ijoollee teenya kan beeksisni hawaasummaa irratti roobaa jiru hedduu miidhaa jira. Galmi qabeenyuma addunyaa qofa dabalaa dabalaa horachuu, qabeenya uumamaas fixuu, naannoos hubuu fi warra carraa hin argatinis guddina dhoorkuu akka ta'e hubachiisuu dandeenyaa? Taatee kana ittisuu irratti hojjachuu dandeenya, hammeessuu hin qabnu! Dargaggoonni maaliif akka uumaman hubaciisuu yoo feene, daa'imni tokko akka ufumaa milkaa'ina jireenya isaatiif karoor-suun hojjatu jajjabeessuu feesisa. Kuni gocha gaarii fi cimaadha.

Muslimoonni fakkeenyummaa Nabi Muhaammad haala gaariin qabatan. Akka barsiisotaatti, nuti amala gaarii fi akkaata inni ijoollee itti qabu irraa fakkeenyummaa guddaa fudhachuu dandeenya. Nabiyyichi takkaa ijoollee sodaachisee ykn haala

hamaan itti dubbatee hin beeku. Inni isaaniif obsaa, jaalataa fi kabajaa ture.

Barnoonni fakkeenyummaa dhaloota uumamaa kan keessoo namaatti uumamuu fi akkaataa jireenyaa fi ilaalcha addunyaawaati malee odeeffannoma kennuu qofaa miti. Barnoonni al-kallattii fi qabatamaa hin ta'in hariiroo kallattii barataa fi barsiisaa xiqqoo barbaada. Barnoonni daree bifa pirojektiitiin kennamu kan hojiin gamtaa keessatti jajjabeeffamu kun hariiroo kallattii akka barnoonni fakkeenyummaa barbaaduu sanaa miti, xiqqaadha. Fakkeenyaaf hojiif dirree bahuu, qubsuma wahii daawwachuu, hojiiwwan qabatama jireenyaa kanneen akka nyaata qopheessuu, biqiltuu kunuunsuu, barsiisaan daree hojiiwwan caasaa barnootaan alaa irratti hirmaachuu fa'a keessatti.

Maalummaan Islaamummaa kan daa'imni tokko uumamaan uf keessatti dagaagsu eenyummaas dabalata. Muslimoonni Ameerikaa fi Kanaadaa hawaasa hidda dhalataa fi aadaa qeenxee irraa kan walitti qabamee miti. Kun akka Muslimoonni dirree aadaa fi duudhaa isaanii kan nageenya itti argatan sehan keessa seenan godha. Garuu carraan aad-daneessummaa kun walirraa barachuu waan jajjabeessuuf bu'aa guddaa buusa ture. Asitti carraa yaaliiwwanii fi ilaalchota adda addaa kan qabatama amantii Islaamaa dinqisiifachuuf nu gahan xiinxaluu hedduu arganne.

Ammas ijoollee keenya Muslimoota dhugaa biyyoota keessatti guddatan sanaa sirnaan beekan gochuu qabna. Aadaan naanoo keenyaa-maatii, hiriyyoota, waldaalee, ollaa, miidiyaa (keessattuu miidiyaa haasaawaa) irraa fudhatamuun waan hin

oolle. Waan boru ijoollee keenya mudatuuf deemuuf har'a isaan qopheessuu qabna. Kana kan goonu akka sonaan yaaduu fi xiinxaluu danda'aniif jecha wantoota bu'uuraa kan ta'an Qur'aanaa fi Hadiisa Nabii, akkasumas qabatamaan itti yaadanii rakkoolee tasa dhufuu danda'an gochuudha.

Akka haqaatti yoo ilaalle, ijoolleedhaaf mana isaanii caala naannoon barbaachisaan hin jiraatu. Maatiin waan guddaadha. Ijoolleen manatti guddatte miira nageenyummaa fi jaalala Rabbiitiin guutame horatuun ilmaan ykn intallan Rabbiin sodaatan ta'u. Nuti akka barsiisotaatti rakkoolee jiran irra aanuun hammam akka ulfaatu ni beekna, fakkeenyummaa mana gaarii ijaaruun garuu tattaaffii irra xiqqaa gaafata.

Yoo maatiin barnoonni qulqullina qabu maal akka ta'e hin hubatin, uf dura deemu hin dandeenyu. Maatiin ijoollee Dhihatti dhalatani baay'een ijoolleen isaanii dhalootarraa hamma dargaggummaatti cicciimoo fi Muslimoota sochii amantii isaanii jajjabeessaniitti yaadu. Hedduun warra ijoollee ufii mana barnoota Islaamaa galchaniyyuu gara alaa ilaalu. Televiziyooni, miidiyaan hawaasaa fi taphoonni viidiyoo ijoollee teenya aadaa ormaa daran fukkataaf saaxilan. Carraan isaan akka itti hin hirmaane gochuu, yoo kan danda'amu ta'ees, hedduu ulfaataadha.

Haalli daran hamaan yoo waan badaa ijoolleen barachaa deemtu maatiin hin hubatini. Dargaggooni yeroo hedduu akka waan dhugaa addunyaa ykn ifa jiru maatii fi barsiisonnis hin beekneetti yaadu.

Sodaan keenya akka dhugaa ta'e ijoolleen keenya hubachuu qabu. Olee gadi toowachuu irra marii fi haasofni ifaa fi bilisaa barbaachisaadha. Kuni akka ijoolleen waa'ee nageenyummaa amantii (hafuura) isaanii hubatanii maatii fi barsiisonnis gaaffii fi waan ifa hin ta'iniif isaanii deebisuuf gargaara.

Sababa uumamneef qabatamaan beekuun beekkumsaa fi itti gaafatama akka fudhannu nu taasisa. Ifatti yaaduu fi itti gaafatama fudhachuu danda'uun hubannaa Rabbi sirritti dhaabbiidhaan qabaachuu irraa dhufa. Barnoonni keenya yeroo hundaa galma bu'uura kan gochaawwan Rabbiin namarraa eegu hubachuu qabaachuu qaban.

## **Boqonnaa Kudha Tokko**

### **Fuul-Dura Deemuu**

Boqonnaan kun rakkoolee fi abdiwwan manneen barnootaa Islaamaa keenya cuunfaan kaaya. Rakkooleen mana barnoota ummataa keessa jiru hedduudha. Haaromsaaf jecha tattaaffiiwwan baay'een godhamanis, fooya'iinsi argame xiqqaadha. Wanti nama gaddisiisu yeroo haaromsi godhamu sanatti, amalli moofuu dhumarrattis dhabamuu ni mul'ata. Kuni manneen barnoota Islaamaa miidhuu hin qabu. Nutii fi manneen barnootaa dhuunfaa biroos bilisummaa barnoota bu'aa fi qulqullina qabu barsiisuu qabna. Kuni gahee manneen barnootaa uf danda'an hedduun ittiin boonaniidha. Haa ta'u malee, yeroo hedduu manneen barnoota Islaamaa manneen barnoota ummataa irratti maxxananii argamu.

Barruuleen kunniin, yoo dhaloonni dhufu akka waa gumaachu, Muslima kaka'umsa qabu kan addunyaa tana karaa sirriitti jijjiiru akka ta'u feene, manneen barnootaa keenya qixa amantii Islaamaatiin akka haaromsinu dirqama nurratti gadi jabeessu. Caasaa muummeen ala ta'uun, aangoo guddaa waa hojjachuu fi akkaataa itti barsiifnu murteessuu horanna. Aangoon kun garuu sonaan qabamuu, jaalatamuu fi tumsamuu qaba. Akka Muslimootaatti akka namoonni biroo nu hordofan fakkeenyummaa gaarii ta'uun dirqama keenya kan kabajaatii mitii? Rabbiin akka kayyoo mataa keenyaatiif gaaffii dhiheessinu qor-qalbii nuuf kenne. Qajeelluma nuuf kenne. Ammas, fedhii bilisaa nuuf kenne, filatamtoota nu mudatan keessaa mirga filachuu qabna. Kennaawwan kanniin wajjiin itti gaafatamni dhufa.

Yeroo hedduu manneen barnoota Islaamaa sodaa gadi fagoo kan ijoolleen hawaasa walmakaa keessatti guddatan Muslimoota gaarii ta’anii hin guddatan jedhuu qabu. Kunis aadaa fi qabiyyee barnootaa Rabbiin keessa hin jirre, kan darbee darbee Muslimootaa fi Islaama irrattis gocha bineensummaa raawwatan waan guddataniifi. Yeroo manneen barnootaa saaqaman, abboonni manneen barnoota Islaamaa nuu ta’uu qabu jedhu, garuu kana jechuun maal jechuu akka ta’e dabalataan hin yaadani.

Yemmuu mana barnoota Islaamaa Siyaatil keessa turetti, ulaagaalee Islaamaa jedhee kitaaba kana keessatti tuqe sanniin akka guutuuf yaalii gochaa ture. Kunis Qur’aanaa fi Afaan Arabaa qofa barsiisuu osoo hin taane, barruulee akka salaataa, utubaalee bu’uura Islaamaa biroo fa’a barsiisaa ture. Kuni akka ijoolleen qajeelfamoota bu’uuraa kan jireenya isaaniitiif dhugaan isaan fayyadu baratan godha. Kun waan salphaa miti.

Maatiin yeroo hedduu manneen barnootaa Islaamaa amanuuf hedduu rakkatu, hin fudhatamuufi. Kutaalee biyyattii baay’ee keessatti maatiwwan Muslimaa hedduun baqattoota yoo ta’an jijjiirama kan morman, kan takkaahuu seenaa barnoota biyya isaanii duraanii dhugaan gaafatamanii hin beekneedha. Kuni tasa garee adda addaatti qoodamuu danda’a. Gareen duraa barumsa ufii hordofuuf dhufanii kaayyoo barnootaa isa duraa akka ijoolleen isaanii diinagdeen milkaa’aniif hojjataniidha. Isaan naanawuma Islaamawaa keessattis ta’u qabxii guddaa fi qormaata waaltawaaf gatii kennu.

Gareen baqattootaa lammataa, keessattuu warri magaalota xixiqqoo irraa dhufan, manuma barnootaa biyya irraa dhufanii

fakkaatu, kan Qur'aanuma qomatti qabachuu (haffazuu) irratti jabeessu barbaadan. Qabiyyeen 'barnoota amantiin alaa' kun garee lamaan keessattuu qixa kallattii Islaamaatiin miti kan barsiisan. Gareewwan baqattoota Muslimaa duraa barnoota Islaamawoo fakkaatu. Garee lammataa keessatti immoo, barnoonni qajeelfamoota Islaamaa irraa hedduu maqa sodaa jedhutu jira. Barruulee amantiin alaattu hojiirra oola.

Sadarkaa kanatti, seenaa keenya keessatti Muslimoota warra Dhihaa hunda, kan hedduun isaanii maalummaa barnoota Islaamaayyuu gadi fageenyaan hin hubatin, bakka bu'uu hin dandeenyu ta'a. Garuu warroonni Muslimootaa hawaasa kana keessatti guddatan caasaa barnootaa diriirfame kana gadi fageenyaan ilaaluu fedhii qaban jiru. Sababoota hedduuf jecha, addunyaa warra Dhihaa kessatti maatii fi barsiisota hubannaa gahaa qabantu bakka hundattuu manneen barnootaa keenya qixa hafuura Islaamummaa isa dhugaatiin haaromsuu danda'u. Manneen barnootaa keenya haarawa waan ta'aniif seera gogaa ykn seer-luga mana barnootaa manneen barnoota ammayyaa san keessa hedduu hin laaqamne. Lammaffaa, warroota warra Dhihaa biratti guddatan akka isaan biyyoota Muslimaa kolonii jala turanii sana gad-aantummaan itti hin dhagahamu. Ammas, aadaan yaadaa fi gaaffii addaa kan jijjiirama diduu dandettii waa yaaduu keenya dabala, yaada warra Muslima hin taanee kan har'a akka Muslimaatti ilaallamus ni keessummeessu.

Galata wajjiin, gaarummaan adeemsa warra Dhihaa ilaalcha amantiin Islaamaa hedduu fudhachuu fi gadaa durii caalaa yeroo ammaa yaad-rimee warra Dhihaatiin xinnoma waldhabuu isaati. Yaadni miseensonni dhala namaa sunneen uumamaan walqixa, bu'uurummaayyuu walfakkaatu, hidda dhalootaa

waloos qaban jedhu yeroo ammaa namoota barataniif fi gaarii yaaduu danda'aniin bal'inaan fudhatamaa jira. Warroota yaada dhiphatan, amala uumamaa hordofanii fi yaada sammun daa'ima qabee duwwaadha jedhu qaban irraa achi fagaachaa deemtu mul'ata.

Misiroonni Muslima hin ta'in kanneen mana barumsa Harvard sadarkaa digrii lammataatti baratan taatee fulbaana 11<sup>ffaa</sup> booda balbala keenya fuulduratti jibbaa sodaa Islaamummaa irraa dhufu kan argaa turan yoo ta'u akka dammaqinaan dura dhaabatamu fedha qaban ibsachaa turan. Gadaaleen qajeelumaa isaanii sun mana barnootaa Islaamaa Siyaatil haala gaariin tajaajile. Kuni ammoo akkaataa hubannaan barnoota Islaamaa caaseffama seera barnoota mootummaa Harvard deeggaruun walitti makameeti dinqisiifannaa addaa uume.

Hiriyyaan koo tokko waggootaaf mana barnoota Islaamaa qabdi turte. Boordii mana barumsichaa fi Masjida naannoo ishii wajjiin muuxannoo badaa keessa dabartee turte. Qabsoo itti fufuu dadhabuun mana barumsichaa cufuun sochii gara biraa itti fufuu murteeffatte. Booda leenjii barsiisummaa fudhattee mana barumsa Muntasuuritti barsiiftuu taate, yeroon booda mana barnootaa haarawa too'annaa ishii jala jiru jalqabdee baay'ee milkaa'eefi.

Manni barumsaa kan jiraatu ykn itti fufu yoo maatiin ergama gadi fagoo hubatee, fudhatee, murannoos qabaateedha. Yoo bu'uuressitoonni maal akka ijaaruu deeman sodaa Rabbiin waliin hubannaa gahaa qabaatanii, qajeelfamoota Islaamaas hojitti jijjiiranii, Muslimoota boruu qopheessuuf uf kennan, kufuu hin danda'an.



## **FAKKII MANNEEN BARNOOTA ISLAAMAA: MUNTASUURII**

Akkaataa ijoolleen itti barattu irratti argannoowwan qorannoo saayinsii Muntasuurii hedduun qorannoolee ammayyaatiin mirkanaa'aniiru; barruuleen barnootaa ishiin haala gaariin qopheessite, kan ufii of sirreessanii fi miirotaa fi umrii hundaa ilaalcha keessa galchan, kan hammuma daa'imni fudhachuu danda'uun qophaa'an, kanneen hojiin agarsiisaa barataman, barbaachisummaa kaka'umsa keessoo kan addeessan, ragaalee ciminna isheeti. Yeroo ammaa barsiistota hedduunis fudhatama argatanii, keessattuu warroota ijoollee reef lafaa dhufan barsiisan biratti hojiirra oolaa jiru. Tooftaan Mansuurii garuu, adeemsa amantii fi falaasama bu'uureffate yoo ta'u, barsiistonna Muslimaa hedduun mala kana fudhatanii jiru.

Qajeelfamoota danuu isheen isaan Islaamaa waliin walfakkeessite keessaa: amala uumama namaa hubachuu, amala ilaalcha Islaamaa fixraan (uumamaan) kan walitti galu, tokkummaa uumamaa, beekkumsaa fi namoomaa irratti ijjannoo qabaachuu, gahee Dhalli namaa barnoota waa'ee nagayaa kennuu keessatti qabaatu irratti jajjabeessuu fa'adha.

Manni barnoota Islaamaa Siyaatil yeroo tokko toofta Mansuurii sana filatee bifa barruun maxxansee ture. Kanas manneen barnootaa amantii sadi, mana barumsa keenya, kan Kaatoolikii fi Yahuudotaa keessatti godhe. Ilaalchi addunyaawaan Mansuuriin irratti xiyyeeffate amantaa waloo kan kaayyoo Uumaa fi kan ilmi namaa dachee irratti bakka bu'aa ta'uu isaati.

Mansuuriin murtee ogummaa fayyaa dhiiftee jireenya ishii guutuu ijoollee barsiisutti seenuu murteessiteeti. Ijoollee addunyaa cufa kan dhalataniis hin dhalatinis barsiisuuf uf kennuu beeksifte. Dhiibbaan ishii addunyaawaa ture. Aadaan ykn gareen adda hin baafne; manneen barnootaa ishees addunyaa guutuorra babal'atan. Falmii fi amantaan ishii gaheen barnootaa waliin jireenya hawaasummaa fi gamtooma leellisuudha; kanaanis fedhii Rabbii guutuudha.

Galmi ishii kan dhumaa nageenya. Kanaanis yeroo sadiif Badhaasa Nageenyaa Noobeeliif kaadhimamteetti. Amantaan ishii nageenyi daa'imman sirnaan barsiisuurraa eegala kan jedhu yoo ta'u, isaan akka dargaggootaa sammun hin faalamne jetti.

Bilisummaan waan fedhan filachuu kan beekkumsa dhuunfaa irratti hundaa'u dagaagina kalaqa sammuu fi uf kabajutti nama qajeelcha; kunis akka namni dhuunfaa tokko jireenya uffi keessatti hojii uffi beeku godha. Uf kabajuun inni dhugaa gara gamtoomaatti, hariiroo walfalmii osoo hin taane, gara hiriyyoonni wal utubuutti geessa. Xumurarrattis ilaalcha bal'aa dhala namaa cufa uf keessatti qabatu akkasumas hunda dinqisiifachuu fi hidhata uumama hundaa babal'isa. Akka Mansuuriin abbootutti, barnoonni nageenyaa daree keessatti walgargaarsi cimuu, waldorgommii laaffisutti jabeessa. Ijoolleen akka garaagarummaa isaanii karaa nagayaa fi uumamaatiin furan bakaa fi yeroon gahaan kennamuufii qaba.

Akka haqaatti, barsiiftonni Muslimaa hedduun caaseffamni sirna barnootaa Mansuuriin qopheessite qajeelfamoota amantii Islaamaa bu'uuraatti hedduu dhihaata jedhu. Mansuuriin

ammas caalmaa leenjii, barruulee adda ta'anii fi yaad-rimeef muuxannoo hordoftoota ishee irraa dhaalte hedduu qabdi.

**Barressituu kitaabichaa**

ANN EL-MOSLIMANYn barnoota Bootaanii (Qo'annoo Biqilootaa) tiin Doktorummaa qabdi. Barreessituu kitaabban Islaamaa fi maxxansaalee qorannoo saayinsii fi barsiiftuu soorama baatee mana barumsa Islaamaa Siyaatil, Ameerikaa keessatti hundeessiteedha. Waggoota afurtamaa oliifis hooggantuma mana barumsicha sanaa turte.

# Kitaabni Kun

Kitaabni walittii fufaan (silsalaaIIIT) jedhamu kun maxxansaa dhaabbatichaa furuu tahan walitti qabaman bifa cuunfaatiin dubbistootni akka hubannaa cimaa barruu bu'uuraa (originaal) qabaataniif barreeffameedha.

Ann El-Moslmaniin barnoota bu'uuralee akkaan barbaachisoo ta'anii fi kallattii-wwan akka tokkichummaa rabbii, namummaa fi beekumsaa, fixra (ilaalcha uumaa),- fi gahee dhalli namaa akka bakka bu'aa rabbii isaatti lafarratti qabu (itti gaafat-amummaa fi bakkabu'ummaa aangoo) tti adda baasa.

Sirni barnoota har'aan tanaa kuni waggoota dhubbota ykn sanaa ol gara duubaatti kan lakkaa'atuu fi abdi kutaamaa alatti irra deebiin calqabsiisuu barbaachisa. Hawaasa industiriin guddataa jiru keessatti barnootni mataan isaa akka warshaa-ti.Oomishni isa dhumaa barattootaa dhugaa jiru akka waan alala guuraniitti hubatan kan akka ilkaan warshaa maashinii walxaxaa warshaa keessatti fayyaduutti ilaalamu. Dhaalmiyaan kanaas miira dhabdummaa fi kufaati sirna barnoota akka barattoomi kun waan har'aafi boruufillee mataa mataa isaaniitti fi waan isaan eegan isaan barbaachisu hin arganne godhaa jiruudha.

Hawaasni warraaqsa industirii bira dabruun baay'ee fagaatee deemee, Bara walitti hiidhamiinsa addunyaa (Giloobaalaayizceshini) bakka walitti qabamiinsaan beekumsi ilma namaa bilisaan internetii irratti argamu gahee jira.barri kun bara ilmoon namaa odeeffannoo wantoota hedduu irratti akka gaaritti sassaabatee qabuudha.

Falaasamni Barnootaa walii gala inni ammatti akkaan barbaachisu isa hiikaa hafuuraa sirrii tahe waan ijoolleen barattuufi kennuudha. Ijoollee hubannaa hafuraa, duudhaa fi safuu, itti gaafatamummaa hawaasummaa, isa dhuunfaa fi naamusa dhuunfaa, hirc ofii ofii murteeffachuu, ofiti amanamummaa fi aangessa, hawwii fi hamileessa isa dandeettii yaaduu irratti hirkatee fi galateeffachuu danda'uu wajjiin sirritti walitti hidhuu qaba.